

**Maqaa Kaadhimamaa:** **Juulii Kaang**
**Maqaa Duulaa:** **Juulii Siyaatil D5 dhaaf**
**Marsariitii duulaa:**
**https://julieforseattle.com/**
**Gita hojii:** **Mana Maree Magaalaa Aanaa 5**
**Lakkoofsa Bilbila Duulaa:** **206.880.3873**
**Seensa Kaadhimamaa (daangaa jechoota hanga 200):**

Ani yeroo dheeraaf jiraataa Aanaa 5, barsiisaa, fi miseensa hawaasaa cimaa dha. Akka godaantuu Kaaba Siyaatil keessatti jireenya koo ijaarrate tokkootti, murteewwan magalaa jireenna dhugaa jiru guyyaa guyyaa maatiiwwan hojjettootaa irratti, godaantotaa fi daldaltoota xixiqqoo akkamitti akka bocan nan hubadh.

Hoggantoonni keenya akka nu dhaggeeffatan fi wanti naannoo keenya dhugumaan barbaadu maal akka ta'e akka hubatan nu barbaachisa. Wanti ani dursa kennu gatii madaalawaa, mana jireennaa, nageennaa, mana dhabuu, fi eegumsoota godaantotaati.

Jireenna koo guutuu tajaajila hawaasaa fi barnoota ol'aanaa keessatti dabarsee jira, barsiisota barattoota afaan hedduu dubbatan deeggaruuf leenjisee jira. Yunibarsiitii Waashingitanii fi Yunibarsiitii Siyaatil keessatti hojjechuun, sagantaalee bal'aa qopheessuu fi geggeessuu, baajata mootummaa xaxamaa ta'an bulchuu, akkasumas qindoomina dameewwan garaa garaa gidduutti itti gaafatamummaa, haqaa fi bu'aa irratti xiyyeeffatan ijaaree jira.

Boordii Kilabii Hawaasa Haller Lake keessatti nan tajaajila, baankii nyaataa keessatti tola ooltummaa nan hojjedha, hawaasa godaantota keenna nan barsiisa akkasuma meeshaalee fiigichaa (whistle ktis) raabsuu fi daldala xixiqqaa deeggaruuf deemsa FuseD5 nan geggeessa. Ani miseensa gamtaa WEA ta'uu kootti nan boona abbaan warraa koo miseensa UFCW 3000 ti.

Ani beekumsa hawaasaa, muuxannoo baankii, ogummaa imaammataa fi hoggansa tasgabbaa'aa Mana Maree Magaalaa keennaatti nan fida. Ani hogganaa hawaasni keenna barbaadu – nama dhaggeeffatuu fi kanneen sagalee hin qabneef falmu ta'uuf waadaa nan gala.

Deeggarsa keessan argachuu fi aanaa keenna bakka bu’uun koo kabaja guddaa natti dhagaahama.

*Kaadhimamaan kun Sagantaa Vaawucharii Dimookiraasii irratti hirmaachaa jira.*



**Maqaa Dorgomaa:** **Silaas Jems (Siilas Jeems)**

**Maqaa Duulaa Filannoo:** **Silas for Seattle (Silaas Siyaatil'iif)**

**Weebsaayitii Duulaa Filannoo:** **https://silasforseattle.com/**

**Sadarkaa hojii magaalaa kanaaf irratti dorgoman:** **City Council District 5 (Mana Maree Magaalaa kan Distriktii 5)**

**Lakkofsa Bilbila Kampaanii Duulaa Filanno:** **(425) 224-5463**

Maqaan koo Silas James jedhama, Magaalli keenya nama hundaaf haala fooyya'aa ta'een akka tajaajiltu gochuudhaaf, District 5 keessatti miseensa Seattle city counsil ta'uuf dorgomaa ta'ee dhiyaadheera. Ani akka barsiisaa qaama miidhamaa ta'e, qorataa, falmaa mirgaa fi walitti qabaa Seattle Disability Commission (Komishinii Qaama Miidhamtoota Siyaatil) tokkootti, sirnoota keenya kanneen caccaban irratti abdii kutadheera. korporeshinoonni abbaa qabeenyaa ta'an qooda barbaachisu akka kaffalan, manneen jireenyaa gatii madaalawaa qaban akka babal'atan, akkasumas furmaatota hawaasa irratti hundaa'an kanneen akka nageenya fi haqa jijjiirama qilleensaa deeggaran akka uumaman gochuuf ciminaan nan hojjedha. Olloota keenya harka qalleeyyii ta'aniif Seattle mijataa taate uumuu yoo dandeenye hundi keenya ni fayyadamna.

Jireenya koo harka caalu deeggarsa mootummaa irraa argamu (public benefits) fayyadamuun kanan dabarse yoo ta'u, muuxannoo koo kanaanis sirnoota walxaxaa akkasii irratti ogeessa ta'uu danda'eera. Yeroo dheeraaf namoota dhuunfaa qajeelchuu/hoogganuu fi gareewwan barsiisuu dhaan milkaa'a akka ta'an gargaaraa kanin ture ta'us, yeroo ammaa jijjiirama sirnaa bu'uura qabeessa ta'e Seattle maraaf bu'aa argamsiisuu danda'u fiduuf kutadhee ka'een jira.

Namootni milkaa'uuf qabeenya isaan barbaachisu dhiyeessuuf, akkasumas, eenyummaan isaanii, eessaa akka dhufan yookaan maallaqni qaban osoo hin ilaalamin naannoon keenya

nama hundaaf nageenyi isaa kan eegame akka ta'u gochuuf filannoo kana irratti nan dorgoma.

Vaawucherii dimokrasii keessan (Democracy Vouchers), Silas for Seattle dhaaf kennuu dhaan duula filannoo kootiif  deeggarsa akka naaf gootan nan gaafadha. Korporeeshinoonni biliyeenara ta'an egeree magaalaa keenyaa akka murteessan eeyyamuu mannaa, abbummaan keenya ta'uu isaa haa mirkaneessinu.

*Kaadhimamaan kun sagantaa vawucherii dimokrasii keessatti hirmaataa jiru.*



Maqaa Kaadhimamtuu፦ Nilu Jenks

(Niluu Jeenks) MaqaaSochii filannoo፦

Neighbors for Nilu (Ollaan Niluuf)

Toora interneetii sochii filannoo:
https://www.neighborsfornilu.org

Bakka: Mana Maree Magaalaa Distriiktii 5

Lakkoofsa bilbilaa sochii filannoo: 206-321-9890

Siyaatil Kaabaa (North Seattle) bakka ijoolleen koo itti guddataa jiran, bakka olloonni hiriyaan umrii guutuu itti ta'an, fi bakka ani waggoota hedduudhaaf hawaasa keenna jabeessuuf itti hojjedhe dha. Marii paarkii saree keessatti taasifamurraa kaasee hanga walga'iiwwan hawaasaatti, ollaawwan waliin mari'achuu fi hawaasa namni wal gargaaru ijaaruun baay'ee natti tola. Ani Aanaa 5 tajaajiluuf fiigaa jira, sababiin isaas bakka kana waanan jaalladhuuf.

Ani mucaa godaantota Iraan, falmituu hawaasaa, akkasumas hojjettuu fi haadha ijoollee lamaa ti. Manneen barnootaa keenna guddisuuf, naannoolee keenna caalaatti cimsuu fi hawaasa hunda hirmaachisu ijaaruuf, olloota koo waliin ta'uun waggootaaf cimsee hojjedhee jira.

Manneen barnootaa, bakkoota bashannanaa/paarkiwwan, akkasumas naannolee geejjibaatti manneen jireenyaa dhiyeenya fi gatii madaalawaa qaban akka jiraataniif waajjira mana maree magaalaa keessatti jabaadhe nan hojjedha. Dhiyoo kana, manneen giroosarii fi manneen qorichaa cufamuu isaanii irraa kan ka'e, dhiibbaa dhiyeessa nyaataa maatii fi maanguddoota irra ga'e hir'isuuf furmaata nan barbaada. Haqa qabeenyaa qilleensaatiif, nageenya geejjibaa fooyya'aa ta'eef, akkasumas, waggoota kudhanii ol waadaa kan nuuf galaman daandiwwan miilaa ijaaruuf kutannoon nan hojjadha.

Hojii kiyya FairVote Washington keessatti, dimookiraasii keenna jabeessuu fi eeguuf hawaasota adda addaa walitti fiduun gargaaree jira.

Sochiin filannoo kun, District 5 hoggansa nu waliin dhaabbatu, kan dhaggeeffatu, akkasumas

bu'aa fidu ni barbaachisaan jedhanii olloota amananiin jajjabaatee kan socho'u dha. Anis kanin raawwachuuf murteeffadhe kanuma dha.

*Kaadhimamaan kun sagantaa vawucherii dimokrasii keessatti hirmaataa jiru.*



**Maqaa Kaadhimamaa:** **Dimitri Georgakopoulos**

**Maqaa Duulaa:** **Siyaatil fooyya’tuu taateef Leellisuu quuqama**

**Gita hojii:** **Mana Maree**

**Magaalaa Aanaa 5**

**Lakkoofsa Bilbila Duulaa:** **206.409.7275**

**Seensa Kaadhimamaa (daangaa jechoota hanga 200):**

Ani Siyaatil dha — leellisaa cimaa isii(Siyaatil) ta’uufis Qophaa’ee jira.

Montlake keessatti guddadhe, mana barumsaa Garfield High School keessatti baradhe, Yuunivarsiitii Siyaatil keessatti bocame — magaalaan tun na ijaarte. Waggoota soddomaati dhiyaatuuf ani asitti abbaa qabeenyaa ta'ee hojjechaa ture: jalqaba mana nyaataa Giriik qabaachaa, achiin booda immoo akka brookerii qabeenyaa (real estate broker) hayyamameetti hojii koo ijaaraa ture. Waadaa fi abdiin Siyaatil qormaata cimaa keessa yeroo darbu, deebiin ykn bu'aan argame gadi aanaa ta'uu isaa taajjabaan ture.

Abbootiin siyaasaa jireenyi akka salphatu waadaa galu. Siyaatil ammallee gatii madaalawaa hin qabdu. Nageenna waadaa seenu. Auroran ammallee daldala saalqunnamtii fi daldala saamichaatiin babal'attee jirti. Isaan daandii baayikii ijaaru, yeroo bakkeewwan daldalaa duwwaa ta'an, abbootiin qabeenyaa deggersa malee hafan, akkasumas manneen jireennaa warra galii gadi aanaa qabanii Aanaa 5 keessatti qofa walitti qabamu, haqa ykn karoora malee.

Yeroo hogganoonni xiyyeeffannoo dhaban, balaan callisee guddatu jira — ogummaa sammuu namaa (artificial intelligence) hojiiwwan balleessaa jira, akkasumas gara fuulduraa guddina magaala keenyaa jijjiiraa jira.

Aanaan 5 adda ta'e — aadaawwan garaagaraa, lafa bareedaa, fi carraa guddaa hin fayyadamne kan qabuudha. Isheen geggeessaa kana argu, kanaaf falmu, fi kana irratti tarkaanfii fudhatu argachuu qabdi.

Ani siyaasaa hojii koo godhadhee kan jiraadhu miti. Ani ollaa keessan,

falmaa keessanii fi nama dhugaa jiru lafa irratti argu (riiyaalistiidha). Aanaan

5 furmaata dhugaa barbaada. Ani furmaata kana dhiyeessuuf qophiidha.

*Kaadhimamaan kun sagantaa vawucherii dimokrasii keessatti hirmaataa jiru.*